# Maatii keetiif nagayaan jiraadhu. Maatiin kee si barbaadu.

Gargaarsaa fi odeeffannoo Kaanseriitiif **13 11 20** bilbili yookaan ilaali, **cancervic.org.au**

## Odeeffannoo caaluuf

Afaan keetiin namatti dubbatuu yoo barbaadde **13 14 50** bilbilii **Cancer Council Victoria** akka barbaaddu gaafadhu.

## Baallama kee

- [ ] **Waa'ee buubbuu (bowel) ilaalamuu Doktora fayyaa keetti dubbadhu**

  Yookaan Sagatnaa Biyyaalessaa Ilaalama Kanserii Buubbuu (National Bowel Cancer Screening Program) kan ittiin of ilaaltu yoom akka manatti siif ergamu baruuf **1800 627 701** irratti bilbili.

  Guyyaa: ______________________

  Bakka: ______________________

- [ ] **Harma kee ilaalamuuuf (breast screen) baallama qabatuu**

  Laali, breastscreen.org.au yookaan **13 20 50**

  Guyyaa: ______________________

  Bakka: ______________________

- [ ] **Gadameessa kee ilaalamuuf baallama qabatuu**

  Kan si ilaalan as barbaadi cancervic.org.au/CervicalDirectory yookaan waa'ee gadameessa ilaalamuu caalaatti baruuf Gumii Kaanserii **(Cancer Council) 13 11 20 irratti itti bilbili.**

  Guyyaa: ______________________

  Bakka: ______________________

Be screened. Live Longer: Oromo | Afaan Oromoo

AP1707-4/2021

Cancer Council

# Ilaalami. Umrii dheeradhu.

**Balaan kaanserii umrii dhalootaa kee 50 irraa eegalee ni dabala.**

Ilaalamuun dursitee akka dhukubaa kaanserii of irratti argitu si gargaara yookaan akka ati of irraa dhorkitu si gargaara.

> Kaanserii buubbuu (bowel cancer)
> Kaanserii harmaa
> Kaanserii gadameessaa



# Kaanserii buubbuu (Bowel screening)

**Yoo umriin kee 50-74**, gidduu tahe meeshaa ittiin ilaalamtu mana keetti tola siif ergamutti gargaaramtee wagga lama lamaan yeroo hunda kaanserii buubbuu ilaalamuu qabda.

Kan ilaalamanis bakkee yeroo bahamu kan dhiigaan makate yoo tahe kan nuti ijaan arguu hin dandeenye tarii mallattoo kaanserii buubbuu tahuu mala. Kanas mana keetti of ilaaluu dandeessa.

Dhiiras tahe dhalaan kan ilaalaman yeroo mallattoo yookaan dhukubbii namatti dhagahamu miti yookaan yoo sanyii yookaan maatii keessa dhukubni kaanserii buubbuu jiraatee qofaaf miti.

Namoota umriin isaanii 50-74 gidduu tahe wagga lama lamaan meeshaan ittiin ilaalaman tola Sagatnaa Biyyaalessaa Ilaalama Kanserii Buubbuu (National Bowel Cancer Screening Program) irraa manatti ergama.

**Sagantaa biyyoolessaa kana keessatti tola kennama.**




**Yoo dafee bira gahame dhibee kaanserii buubbuu 10 keessaa 9 gahaatti wal'aansa fayyaa argatuu fi irraa fayyuutu danda'ama.**

# Harma ilaalamuu (Breast screening)


**Yoo umriin kee 50-74**, gidduu tahe wagga lama lamaan harma ilaalamuu qabda.

Harma ilaalamuu (x-ray) dhibee kaanserii harma kee keessa sakatta'a.

Harma ilaalamuun dhalaa meeshaadhaan ilaalaniin bakka dhokataa tahetti ilaalaman; sunis Daqiiqaa muraasa qofaa fudhata. Yoo kan sitti tolu tahe hiryaa (saayiba) yookaan maatii kee waliin dhaqu dandeessa.

Harma ilaalamuun yeroo mallattoo yookaan dhukubbii namatti dhagahamu miti yookaan yoo sanyii yookaan maatii keessa dhukubni kaanserii harmaa yookaan gadameessaa jiraatee qofaaf miti.

**Kara BreastScreen Victoria tola ilaalamt.**



**Kaanseriin harmaa yoo dafee bira gahame gahaatti wal'aansa argatuuf hireen isaa ni jira.**

# Gadameessa ilaalamuu

**Yoo umriin kee 25-74** gidduu tahee fi qunnamtii saalaa taasisaa turte tahe wagga shan shaniin Ilaalama Gadameessa taasisatuu qabda.


Talaallii dhibee dhukubaa gadameessaa dhorku (HPV) yookaan erga laguun baatii baatiidhaan sitti dhufaa ture si irraa dhaabbateen boodas (menopause) tahe Ilaalama Gadameessaa taasisatuu si barbaachisa.

Ilaalamni Gadameessaa (Cervical Screening Tests) dhukubaa gadameessaa (HPV) kan tarii yoo hin wallaanamne gara dhukubaa kaanserii gadameessaatti guddatuu malu ilaalamta.

Doktorri fayyaa yookaan neersiin Ilaalama Gadameessaa (Cervical Screening Tests) siif taasisuu danda'an.

Mallattoo dhukubaa yookaan dhukubbiin sitti dhagahamaa hin jiru yoo tahes Ilaalamni Gadameessaa (Cervical Screening Test) dubartootaaf barbaachisa.

**Kilinik takka takka tola gadameessa ilaalan. Yeroo baallama qabattu ilaalamuuf maallaqa si baasisa yoo tahe gaafadhu.**



**Gadameessa ilaalamuun lubbuu kee baraaruu danda'a.**